Talaallii COVID-19 Novavax Maal Beekuu Qabda

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Talaallii Novavax jechuun maal jechuudha?

Talaalliin COVID-19 haaraan Food and Drug Adminstration (FDA, Bulchiinsa Nyaataa fi Dawaa) tiin mirkanaa'e, Novavax, talaalliiwwan COVID-19 biroo amma US keessatti argaman kan biroo irraa addadha. Novavax talaallii kuta pirootinii kan teknolojii talaalliiwwan biroo yeroo dheeradhaaf fayyadamaman kan akka HPV, heppataattis B, fi qufaa keessatti baayyinaan itti mul'atan, wal fakkaatoo fi yeroo dheeraa fayyadamuudha. Novavax tarree talaallii marsaa lamaa kan guyyaa 21 addaan fagaatee kennamu kan namoota umriin isaanii waggaa 12 fi sanaa ol ta'eef kennamuudha.

Novavax talaallii kuta xiqqaa pirootinii baratamaadha.

Talaalliiwwan hayyamaman kamiiyyuu sirna madinummaa qaama keenyaa kan dabalanii fi vaayirasii COVID-19 haleeluu irratti kan gargaaran ta'us, Novavax teknolojii durii, caalmaatti baratamaa ta'e fayyadama.

- Talaalliwwan kuta xiqqaa pirootinii COVID-19 kutawwan (pirootiniiwwan) vaayirasii kan COVID-19 dhaf sababa ta'an of keessaa qaba.
- Akkasumas coomaa fi sukkaara sirna wajjiin waan dabalataa kan sirna madinummaa vaayirasiidhaaf deebisaa kennuu fi fuulduratti si eeguu irratti gargaaru of keessaa qaba.
- mRNA of keessaa hin qaban

Miidhaawwan cinaa Novavax xiqqoo ta'uutu mirkanaa'e.

Miidhaawwan cinaa yeroo kan Novavax kanneen talaalliiwwan COVID-19 kanneen biroo irratti argaman irraa garagaraa miti. Dhukkubbii/dadhabbii, bakka waraannatanitti diimachuu fi iita'uu, akkasumas humna dhabuu, dhukkubbii maashaa, bowwoo, dhukkubbii buusaa, balaqqama/hoqqisiisaa, fi hoo'a qaamaa. Talaalliwwan kuta xiqqaa pirootinii COVID-19, COVID-19 ykn dhukkuba biroo hin fidan.

Ragaan maal agarsiisa?

Qoranannoon kilinikaalawaa kan badheessa 2021 taasifame akka agarsiisutti talaalliin Novavax kulkulawwan COVID-19 dhaabbachaa jiran 90% ittisuu irratti milkaa'ina kan qabuu fi du'aatiiwwan COVID-19 n wal qabatan ittisuu irratti 100% kan milkaa'efidha.

Akka qorannoo adeemsifamaa jiruutti, talaallichi facaatiiwwan COVID-19 kamiifiyyuu, BA.5 illee dabalatee deebisaa kennuudhaaf madinummaa bal'aa kan qabuudha. Talaallii kuta xiqqaa kan akka Novavax vaayirasii jiraa kamiiyyuu kan hin fayyadamnee fi jiinii keenya kan hin jijjiirre fi dhiibbaa irratti hin taasisneedha. Akkasumas waa'ee Novavax kan nuti baranne:

- Bara 2021 irraa jalqabee, Canada dabalatee biyyoota biroo hedduu keessaatti milkaa'inaan fayyadamameera.
- Qabiyyeewwan talaalliiwwan biroo keessatti argaman kan alarjii namatti fidan hin qabu.
- Teknolojiiwwan wal fakkaatoo baratamoo ta'an kan talaalliiwwan beekkamoo akka qufaa, HPV, heppataatytis B, fi shinglisii keessatti fayyadamaman fayyadama.

Novavax adeemsa FDA Emergency Use Authorization (EUA, Hayyama Fayyadama Yeroo Rakkoo) keessa kan darbee fi keessattuu kanneen talaalliiwwan mRNA tiif filannoo barbaadaniif, filannoo sirriidha.

Dooziwwan dabalataa gareewwan birootif gara fuulduraatti gorfamuu danda'u.

Talaalamuun ammas filannoo isa filatamaa dha.

Akkaataadhuma COVID-19 bubbuluun, filannoowwan talaallii hedduun argamaa jiru. Talaallii fudhachuun barbaachisaa ta'uu yaadachuu qabna. Omisha kamiiyyuu haa ta'uu, talaalamuun COVID-19 fi dhiibbaawwan isaa irraa of ittisuuf eeggannoo gaaridha. Filannoon kamtu siif gaarii akka ta'e beekuf dhiyeessaa keetti haasa'i.

Washington State Department of Health

DOH 825-052 August 2022 Oromo

Sanada kana bifa bir tiin ga afachuuf, bilbila 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maamillan gurraan hin dhageenye ykn dhaga'uu irratti hanqina qabaniif, maaloo bilbila 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn iimeela civil.rights@doh.wa.gov irratti ergaa.